IslamHouse.com
مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com



OROMO
OROMOO
أورومو

آداب الزفاف

# ADABA GUYYAA CIDHAA

**Osoul Center**
Hiikaa
**Shekh Jamaal shekh Muhammad**
**Urjii ahmad**

# آداب الزفاف

مركز أصول
ترجمة
مركز أصول للمحتوى الدعوي

OROMOO
أورومو

ⓒ **المكتب التعاوني للدعوة والإرشاد و توعية الجاليات بالربوة، ١٤٤١هـ**

**فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر**

مركز أصول للمحتوى الدعوي

آداب الزفاف في السنة المطهرة – اللغة الأورومية. / مركز أصول للمحتوى الدعوي.- الرياض، ١٤٤١هـ

٢٨ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٢٤٩-٨٣-٣

١- الزواج (فقه اسلامي)　　٢- الزفاف　　أ. العنوان

**ديوي ٢٥٤,١　　١٤٤١/٢٨٩٣**

**رقم الايداع: ١٤٤١/٢٨٩٣**

**ردمك : ٩٧٨-٦٠٣-٨٢٤٩-٨٣-٣**

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.sa

www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim



# DURE

الحمد لله رب العالمين والصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Fuudha fii heerumni waan Rabbiin karaa godhe. Sunnaa Anbiyootaati. Halaalaan waliti dhufanii wajjiin jiraachuun Ilmaan namaa adunyaa tanarratti akka heddumataanii fii akka gosaa fii abbaan namni wal beekaa jiraatu godha. Namni tokko intala hin beeyne takkaan walitti dhufee Rabbiin jaalala jidduutti darbee ilmaan horanii haadha abaluu fii abbaa abaluu tahan. Hoggaa sunnaan walitti dhufan daran barakaa argatan. Amantiin Islaamaa amantii guutuudha. Waan irraa hin dubbatinii fii itti nama hin qajeelchin hin qabdu. Namni tokko fuudhee Jaartii Isatti yoo seenuu fedhe maal akka godhuu qabu ibsitee lafa keeysee jirti. Adaba guyyaa cidhaa irraa:

## 1

## JAARSI ISII DHIHEEYSUUF WAA WAJJI DHUGUU

عن أسماء بنت يزيد بن السكن، قالت: إني قيّنت عائشة لرسول الله ﷺ، ثم جئته فدعوته لجلوتها، فجاء، فجلس إلى جنبها، فأتي بعُس لبن، فشرب، ثم ناولها النبي ﷺ فخفضت رأسها واستحيت، قالت أسماء: فانتهرتها، وقلت لها: خذي من يد النبي، ثم قال لها النبي ﷺ: «أعطي تربك»، قالت: فأخذت، فشربت شيئا. أخرجه أحمد بإسنادين يقوي أحدهما الآخر. والحميدي

Jaarsi hoggaa itti seene Isii dhiheeysuuf waa obaasuun gaariidha. Jaalallee Isaa haarawa hoggaa dura itti ol seene isii cinaa taa'ee waan dhugamu kan akka aananii kennuufiin sunnadha. Rasuulli ﷺ guyyaa A'ishaatti seene bira taa'ee Aanan irraa dhugee itti kenne. Qaanfattee mataa gad qabattee Miizeen Asmaa binti Yaziid turtee Rasuularraa ﷺ fuudhii dhugi jetteen irraa fuutee dhuyde.

# 2
# HARKA MATAA ISII IRRA KAAYEE RABBI KADHACHUU

قال رسول الله ﷺ: «إذا تزوج أحدكم امرأة، أو اشترى خادما، فليأخذ بناصيتها وليسم الله عز وجل وليدع بالبركة ، وليقل: اللهم إني أسألك من خيرها وخير ما جبلتها عليه، وأعوذ بك من شرّها وشر ما جبلتها عليه. وإذا اشترى بعيرا فليأخذ بذروه سنامه، وليقل مثل ذلك». البخاري وأبو داود وابن ماجه والحاكم والبيهقي

Harka adda Isii (mataa isii gama duraa) irra Rabbi kadhachuu Namni Aruuza Jaalallee isaatti ol seene jarjaruu hin qabu. Adda isii gama duraa qabatee Rabbiin akka waan gaarii Isaaf hiruu fii Jaalalleen Isaatis akka tan kheeyrii taatu kadhachuu qaba. Du'aaii sanirraa tan Rasuulurraa ﷺ dhufte isii tana: Rasuulli ﷺ tokkoon keeysan hoggaa intala takka fuudhe ykn Khaadima bitate Adda gama duraa haa qabu, maqaa Rabbii ol tahee haa dhahu (Bismillaah jechuun) san booda barakaa haa kadhatu. Akkana haa jedhu "Allaahumaa inni as'aluka kheyrahaa wakheyra maa

jabaltahaa aleyhi, wa a'uuzu bika min sharrihaa wa sharri maa jabaltahaa aleyhi". Jechuun Rabbi kadhata

# 3
# SALAATA MISIRROON LAMEEN WAJJI SALAATUU

عن شقيق قال: «جاء رجل يقال له: أبو حريز، فقال: إني تزوجت جارية شابة [بكراً]، وإني أخاف أن تفركني، فقال عبدالله (يعني ابن مسعود): إن الإلف من الله، والفرك من الشيطان، يريد أن يكرّه إليكم ما أحل الله لكم: فإذا أتتك فأمرها أن تصلي وراءك ركعتين». زاد في رواية أخرى عن ابن مسعود.

«وقل: اللهم بارك لي في أهلي، وبارك لهم في، اللهم اجمع بيننا ما جمعت بخير؛ وفرق بيننا إذا فرقت إلى خير». وعبدالرزاق وسنده صحيح، والطبراني بسندين صحيحين.

Salaata Misirroon lameen wajji salaatuu Sunnaa Rak'aa lama wajjiin salaatuun Isaaniif jaalatamaaadha. Jaarsi Imaama tahee isin duubaan itti hidhattee Wajjiin Rabbiif sujuuduun bultii jalqabun sun Isaaniif jaalatamaadha. Islaamumaan bakkuma hundatti Jaalala Rabbii fii Rasuulaa ﷺ if jalaa hin dhabdu. Aruuza taatus Rabbi gabbaruun itti fufa. Sunnaah Rasuulaa ﷺ jala deemuun hin dhaabbatu. Sahaabootarraa akka dhagayametti namni tokko hoggaa fuudhe Jaartii Isaa wajjiin rak'aa lama salaatee akka Rabbi kadhatu gorsan. Kuni hundi wal qunnamtiin duratti.

Amma Waan irraa hafiinsa hin qabne Walqunnamtii bira geenyee jirra. Akkamitti eegalan ka jedhuuf deebiin sitti dhuftii dubbisi.

# 4

# Hoggaa qunnamtii waan qara'u

وينبغي أن يقول حين يأتي أهله: «بسم الله، اللهم جنبنا الشيطان، وجنب الشيطان ما رزقتنا». قال ﷺ: «فإن قضى الله بينما ولداً؛ لم يضره الشيطان أبداً». البخاري وبقية أصحاب السنن إلا النسائي.

Hoggaa qunnamtiif walitti dhufan.. Namni aruuzaa tokko hoggaa jaartii Isaa qunnamtii saalaatiif itti dhihaate akkana jechuun eegala. Rasuulli ﷺ "Bismillaah Allaahuma Jannibnaa As-sheeyxaana wa Jannib ash-sheeyxaana Maa Razaqtanaa" Yoo halkan san Rabbiin Isaan jidduu ilmaan argamsiisuu murteeyse Sheeyxaanni Ilma san hin rakkisu" jedhan Ergamaan keenya ﷺ. jechuudhatti dhihaata. Qunnamtiin Jaarsaa fii Jaartii gammachiisuu qofa osoo hin taane hiree Rabbiin Achi keessaan namaaf kennu barbaaduutu kheeysa jira. Ifiif Sheeyxaanarraa tiyfamtee hin dhiiftu, Rabbiin akka Ilmaan siif hiru hunda sheeyxaanarraa tiysu Rabbi kadhatta. Kuni halkan Aruuzaa san jalqabee hanga dhumaatti wal qunnamtii godhuun dura haala kanaan kadhachuun itti fufa.

# 5

# QUNNAMTIIF AKKAMITTI ISITTI DHUFA

ويجوز له أن يأتيها في قُبلُها من أي جهة شاء، من خلفها أو من أمامها، لقول الله تبارك وتعالى: ﴿نِسَآؤُكُمْ حَرْثٌ لَّكُمْ فَأْتُواْ حَرْثَكُمْ أَنَّىٰ شِئْتُمْ﴾، أي: كيف شئتم؛ مقبلة

ومدبرة، وفي ذلك أحاديث أكتفي باثنين منها: الأول عن جابر ﷺ قال: «كانت اليهود تقولك إذا أتى الرجل امرأته من دبرها في قبلها كان الولد أحول! فنزلت: ﴿نِسَآؤُكُمْ حَرْثٌ لَّكُمْ فَأْتُواْ حَرْثَكُمْ أَنَّىٰ شِئْتُمْ﴾، فقال رسول الله ﷺ: مقبلة ومدبرة إذا كان ذلك في الفرج». البخاري ومسلم والنسائي.

Qunnamtiif Akkamitti jaartitti dhufa (walitti dhufan) Jaartii Isaatti akkaataa fedheen walqunnamtii godhuuf dhufuu ni dandaha. Fedhu duraan, fedhu duubaan dhorgan hin jirtu. “Rabbiin Jaartiin teeysan Eyruu teeysanii akkaata feetaniin itti koottaa” jedhe Qaama hormaataa Isii keeysaan qofa taanaan duubaa fii duraan akkaataa fedhanin wal qunnamuu dandahan.

# 6

# DUUBAAN (HUDDUUN) WAL QUNNAMUUN DHORGAADHA.

«لا ينظر الله إلى رجل يأتي امرأته في دبرها». النسائي والترمذي وابن حبان وسنده حسن ،وحسنه الترمذي، وصححه ابن راهويه.

«ملعون من يأتي النساء في محاشهّن. يعني: أدبارهن». ابن عدي بسند حسن.

«من أتى حائضاً، أو امرأة في دبرها، أو كاهناً فصدقه بما يقول؛ فقد كفر بما أُنزل على محمد». أصحاب السنن إلا النسائي.

Duubaan (hudduun) wal qunnamuun dhorgaadha. (*Bakka Udaaniitiin) Rasuulli ﷺ waan qaama saalaa hin tahin bakka udaaniitiin wal qunnamtii saalaa godhuu fii dhalaa heeydii qabdutti wal qunnamti saalaa godhuu dhorgee jira. “Namni Dhalaa heeydii qabdutti walqunnamtiif dhufe, Ammas kan

bakka Udaaniitiin wal qunnamtii godhe akkasuma Namni Falfala nama dalagutti dhufee waan Inni jedhu san dhugoomse waan Muhammad irratti bu'etti kafaree jira." Jechuun Rasuulli Hadiisaan haraama godhee jira. Badii gurguddoo kheeysaa wanni kuni tokko. If eegun barbaachiisaadha.

# 7

# QUNNAMTII LAMA JIDDUUTTI WUDUU'A GODHUU

قال ﷺ: «إذا أتى أحدكم أهله، ثم أراد أن يعود، فليتوضأ [بينهما وضوءاً]. وفي رواية: وضوءه للصلاة [فإنه أنشط في العود]». مسلم وابن أبي شيبة، وأحمد وأبو نعيم والزيادة له.

Qunnamtii lama jidduutti wuduu'a godhuu Jaarsaa fii Jaartiin qunnamtii karaa Rabbiin hayyameen godhanii yoo itti deebi'uu barbaade ni wudu'atan. Rasuulli ﷺ "Tokkoon keessan jaartitti dhufee yoo itti deebi'uu fedhe jidduu sanitti haa wudu'atu. Suni Nashaaxaan itti deebi'uuf gaariidha." Jedhan. Fayyaafis santu irra gaariidha.

# 8

# WUDUU'ARRA QAAMA DHIQACHUUTU IRRA CAALA

عن أبي رافع أن النبي ﷺ طاف ذات يوم على نسائه، يغتسل عند هذه وعند هذه، قال: فقلت له: يا رسول الله! ألا تجعله غسلاً واحداً؟ قال: «هذا أزكى وأطيب وأطهر». أبو داود، والنسائي، والطبراني.

garuu wuduu'arra qaama dhiqachuutu irra caala.

Hadiisni abii Raafi'i r.a. nabiin ﷺ. guyyaa tokko dubartoota isaarra naannawee walqunnamtii godheen tana birattis dhiqatee taan birattis dhiqate, yaa ergamaa Rabbii dhiqannama tokko hingootuu? jedheen. "Kanaatu irra qulqulluu, irra gaarii fii irra miidhagaa" abuu daawud nasaiifii tirmizii.

9

## Jaarsaa fii Jaartiin wajjiin dhiqachuu

عن عائشة رضي الله عنها قالت: «كنت اغتسل أنا ورسول الله ﷺ من إناء بيني وبينه واحد [تختلف أيدينا فيه]، فيبادرني حتى أقول: دع لي، دع لي، قالت: هما جنبان». البخاري ومسلم وأبو عوانة في (صحاحهم).

Jaarsaa fii Jaartiin wajjiin dhiqachuu. Jaarsaa fii Jaartiin halaal waliiti, Uffata waliiti, jaalallee waliiti. Guyyaa Cidha Isaanii Halkan/Guyyaa duraa sanirraa jalqabee Isaan lamaan wajjiin dhiqachuu dandahan mana tokko keessatti, baaldii tokkorraa ykn kan gubbaa namatti gad yaa'u san jalatti dhiqachuun Isaaniif halaala. Qaama walii arganis rakkoon hin jiru. A'ishaan Rabbi irraa haa jaalatu akki jette "Anaa fi Rasuulli Allaahaa ﷺ meeshaa takka tan nu jidduu jirtu keessaa bishaan fudhachaa qaama wajji dhiqachaa turre. Harki keenya baaldii san keessatti wal bira daddabarti na duraa hammarrata 'naaf dhiisi, naaf dhiisin jedhaan'." Isaan lamaanuu janaabdaarraa wajji dhiqtan. Akkas jechuun walqunnamtii eega godhan booda dhiqatan jechuudha. Kuni Roomaansii Halaal ifii wajjiin itti jiraatani.

10

# OSOO HIN RAFNE JANAABDAA IRRAA WUDUU'A GODHACHUU

عن عائشة ﵂ قالت: «كان رسول الله ﷺ إذا أراد أن [يأكل أو] ينام وهو جنب غسل فرجه، وتوضأ وضوءه للصلاة». البخاري ومسلم وأبو عوانة.

Osoo hin rafne janaabdaa irraa wuduu'a godhuu Jaarsaa fii Jaartiin qunnamti saalaa godhanii rafuu yoo fedhan Wuduu'a godhuun Isaaniif jaalatamaadha. Umar binu Al-Khaxxaab "Yaa Rasuula Allaah ﷺ tokkoon keenya osoo janaabda qabuu ni rafaa?" jechuun gaafannaan Rasuulli ﷺ "eeyyee, ni rafa yoo wuduu'a godhe." Jechuun deebiseef. Janaabdaan rafuu caalaa wadu'a godhatanii rafuutu gaariidha. Inumaa Qaama dhiqatanii Rafuutu Irra caala.

11

# GANAMA HALKAN ARUUZA SEENANII MAAL GODHAN?

ويُستحب له صبيحة بنائه بأهله أن يأتي أقاربه الذين أتوه في داره، ويسلم عليهم، ويدعو لهم،وأن يقابلوه بالمثل لحديث أنس ﵁ قال: «أولم رسول الله ﷺ إذ بنى بزينب، فأشبع المسلمين خبزاً ولحماً، ثم خرج إلى أمهات المؤمنين فسلم عليهن، ودعا لهن،وسلمن عليه ودعون له، فكان يفعل ذلك صبيحة بنائه». أخرجه الحاكم والترمذي والنسائي وأحمد.

Ganama halkan Aruuza seenanii maal godhan? Ganama aruuza san nama Jaalalloota Isaa kan Isa ziyaaruuf dhufan

itti gad bahee wajjiin taa'uu fii dhiheeysuu qaba. Duaiillee Isaaniif godhuun gaariin, Namni diilii irraa if tiyse tokko Rabbi kadhatu kadhaan Isaa qeebalatuudha. Isiinis akkasuma Maatii Isiirraa namoota isitti dhufan jaalalaan dhiheeysuu fii du›aaii godhuun gaariidha. Ammoo namni Aruuza dhufee matarraa nama taa'ee dhukkuba namatti tahuu hin qabu. Ziyaaree biraa baafachuu qaba. Jarri lamaan ifiifu waliif dasii ijaat, Ziyaaranii bira deemuutu barbaachisa.

# 12

# ICCITII HIRRIBA WALII BAASUUN HARAAMA

قال ﷺ: «إن من أشر الناس عند الله منزلة يوم القيامة الرجل يفضي إلى امرأته، وتفضي إليه، ثم ينشر سرها». ابن أبي شيبة، ومن طريقه مسلم، وأحمد وأبو نعيم.

Iccitii walii baasuun haraama Jaarsaa fii jaartiin waan kophaa wajjiin dabarsan ganama gad bahanii lallabuun haraama. "Eda akkana goonee, Akkana godhe, akkana naan jettee, akkana naan jedhee" jedhanii odeeysuun haraama Shari'aa Islaamaatti. Rasuulli ﷺ "Irra hamaan namaa guyyaa qiyaamaa Rabbi biratti Nama jaartii bira dhufee haajaa Isaa eega bahate icciti isii facaasu." Jedhan. Namni icciitii wal qunnamtii jaartii wajjiin godhee odeeysu irra hamaa namaati guyyaa qiyaamaa. If eeguu, Arraba Ifii eegu, Naamusa mana ifii eeguu barbaachisa. Muslimni warra kabajaa ifiitiifii matii ifii eegu malee warra oduu walii facaasuu miti.

# 13

# WALIIMAA (AFEERRAA NYAATAA) GODHUUN BARBAACHISAADHA

ولا بد له من عمل وليمة بعد الدخول؛ لأمر النبي ﷺ عبدالرحمن بن عوف بها كما يأتي، ولحديث بريدة بن الحصيب، قال: لما خطب علي فاطمة رضي الله عنهما قال: قال رسول الله ﷺ: «إنه لا بد للعرس (وفي رواية للعروس) من وليمة». أحمد والطبراني والطحاوي.

Waliimaa/afeerraa nyaataa godhuun barbaachisaadha Afeerraan sunnaadhaa tan eega jaartiitti seenan booda godhani. Rasuulli ﷺ Abdurhamaan binu Owfi fudhuu isaa itti himnaan afeerra nyaataa ra'e takkas taatu godhi jedhan. Gaafa Aliyyi Faatimaa intala Rasuulaa ﷺ fuudhe "Aruuzaaf dirqama waliimaan/afeerraan nyaataa." Jechuun Rasuulli ﷺ itti hime. Yoo haala kanaan eega itti seenan godhuun mijjachuu baattes Afeerraa godhuun akka hundattii gaariidha. Hanga dandeeytii ifitti tahuun beekkamuu qaba.

# 14

# SUNNAAN WALIIMAA (AFEERRII)

وينبغي أن يلاحظ فيها أموراً:

وعنه قال: «تزوج النبي ﷺ صفية، وجعل عتقها صداقها، وجعل الوليمة ثلاثة أيام»، أبو يعلى بسند حسن وهو في صحيح البخاري بمعناه.

الثاني: أن يدعو الصالحين إليها، فقراء كانوا أو أغنياء، لقوله ﷺ: «لا تصاحب إلا مؤمناً، ولا يأكل طعامك إلا تقي». أبو داود والترمذي، والحاكم، وأحمد.

## SUNNAAN WALIIMAA/AFEERRAA

- Guyyaa sadii eega walitti seenan booda tahuutu Rasuularraa ﷺ odeeyfame. Rasuuli ﷺ Safiyyaa gaafa fuudhe mahrii Isii bilisoomsuu godhe, walimaa guyyaa sadeeysaa godhe.
- Warra gaggaarii itti afeeruutu barbaachisa, miskina ykn qabaatoo tahanis. Rasuulli ﷺ "Nama gaggaarii malee hin saahibin ammas Nama Rabbi sodaatu malee nyaata kee hin nyaachisin." Jedhan.
- Afeerraa Re'ee takkaan ykn sanii oliin godhuun gaariidha yoo dandahe.
- Foon yoo hin jiraannes afeerraan numa taati. Waanuma qaban godhuun ni dandahama Marqaa, Cuqqoo, caccabsaa, Affeelama, buskutaa fii timiras tahu, shummoos tahu rakkoo hin qabu afeerruma godhuutu barbaachisa. Rasuulli ﷺ Safiyyaa gaafa fuudhe foonii fii biddeenni hin jiru Timirumaa fii waan akka urgooti wanni argame.

# 15

# AFEERRAA DUREEYYII QOFA YAAMUUN HARAM

ولا يجوز أن يخص بالدعوة الأغنياء دون الفقراء؛ لقوله ﷺ: «شر الطعام طعام الوليمة، يدعى لها الأغنياء، ويمنعها المساكين، ومن لم يجب الدعوة فقط عصى الله ورسوله». مسلم، والبيهقي

Afeerraa tujjaara qofa yaamuun haram. Rasuulli ﷺ "irra hamaan nyaataa Afeerraa nyaata qabaatoon qofti yaamamee Miskinni dhorgamu. Namni yaamamee afeerraa hafu ajaja

Rabbii dide jira." Jechuun tujjaara qofa yaamanii miskiina dhiisuun akka haraama tahee ibse jira. Miskiinnilleen akkasuma qabaatalleen warra gaggaarii taanan yaamamuu qaban. Kheeysattu olla ifii miskina dhiisanii biyya biraati tujjaara yaamuun waan baratame yeroo ammaa. Nyaata hamaan kan akkasii sani. Aruztichi bakka akkanaa tanatti if eeguu qabda. Akkasuma aruuztittiin.

## 16

## YAAMINSA AFEERRAA DHUFUUN WAAJIBA

«إذا دعي أحدكم إلى الوليمة فليأتها[ عرساً كان أو نحوه]، [ومن لم يجب الدعوة، فقد عصى الله ورسوله]». البخاري ومسلم وأحمد والبيهقي.

Yaaminsa afeerraa dhufuun waajiba. Namni afeeramee hafe Rabbii Isaa dide jechuun Rasuulli ﷺ jabeeysee jira. Soomanallee qabaatan dhaquun barbaachisaadha. Soomana Sunnaa itti fedhame bakka kanatti. Soomana Sunnaa san fuuruunilleen humaa hin qabu afeerraaf jecha.

## 17

## BAKKA DILII IRRAA HAFUU BARBAACHISA

لا يجوز حضور الدعوة إذا اشتملت على معصية، إلا أن يقصد إنكارها ومحاولة إزالتها، فإن أزيلت؛ وإلا وجب الرجوع، وفيه أحاديث:

الأول: عن علي قال: «صنعت طعاماً فدعوت رسول الله ﷺ، فجاء فرأى في البيت تصاوير، فرجع. قال: فقلت: يا رسول الله! ما أرجعك بأبي أنت وأمي؟ قال: إن في البيت ستراً فيه تصاوير، وإن الملائكة لا تدخل بيتاً فيه تصاوير». ابن ماجه، وأبو يعلى بسند صحيح.

Bakka badii fii cubbuu irraa sodaatan hafuu barbaachisaadha. Ilmi namaa hedduun guyyaan Inni Rabbii Isaa khallafu guyyaa lama. Tokko guyyaa fuudhaa fii heerumaati. Guyyaa fuudhaa fi heerumaa akka waan Rabbiin hin jirree amata meeqa kan badiirraa if tiyse hundi itti laaqqata. Guyyaan lammeeysoo guyyaa Namni du'e Taaziyaa jedhanii booyuun huccuu ifirratti dhoosuu fii badii adda addaa dalaguun waan baratame. Rabbi nu haa baraaru! Kanaaf afeerraa Aruuzaa tan haraamaa fii munkaraan guttamte hafuutu barbaachisa. Warra baandii muziiqaa fidee dhalaa fii dhiiraan walitti jigee dachii garagalchu irraa hafuutu irra kheeyriidha. Bakki afeerraa awwaatuun dirqamaa ganda Rabbi sodaatu fii warra Imaanaa kan Sunnaa Nabii ﷺ guyyaa hunda hordofan qofa. Yoo badii san dhorguuf tahe dhaquun humaa hin qabu waan badiin biraa hin sodaataminiin.

# 18

# NAMNI AFEERRAA DHUFE MAAL GODHA?

ويستحب لمن حضر الدعوة أمران:

الأول: أن يدعو لصاحبها بعد الفراغ بما جاء عنه ﷺ وهو أنواع:

أ- عن عبدالله بن بسر أن أباه صنع للنبي ﷺ طعاماً، فدعاه، فأجابه، فلما فرغ من طعامه قال: «اللهم اغفر لهم، وارحمهم، وبارك لهم فيما رزقتهم». ابن أبي شيبة، ومسلم، وأبو داود.

Namni afeerraa dhufe maal godha? Namni afeerraa cidhaa dhufe eega waan afeerameef geeyse booda jara lamaan wal fuudheef Rabbi kadhachuu qaba. Duaaii adda addaa goonee

afaan hundaan Rabbi Isaaniif kadhachu dandeenya. Duaaiin sunnatti dhufterraa: “Barakallaahu laka, wa baaraka Allaahu Aleeyka, wa jama’a beeynakumaa fii kheeyrin.” Jechuun duaaii sunnaadhaan dhufe. akka jechuuti. Afaan keenyaan itti dabaltee arri wajji filadhaa, Ilmaan horaa, Horii argadhaa, Imaanaan daraaraa…Jettee duaaii gootus tolte.

## 19
## UFFANNI INTALA ARUUZAA

Uffanni intala Aruuzaa maal fakkaatuu qaba. Italti Muslimaa tan Rabbi fii Rasuula ﷺ jaalattu guyyaa aruuza Isiitis Sunnaah jala deemti. “Guyyaan tokko guyyaa tokko” jettee Sheeyxaana jala hin deemtu. Kanaaf Uffanni isii hoggayyuu daangaa Shari’aa hin faalleeysu. Uffanni dhalaa Muslimaa hoggayyuu kanuma Rabbiin Isiif file tahuu qaba.

- Qaama guutuu cufuu fuulaa fii shanacha harkaa malee.
- Furdaa qaamni keessaan hin mullanne.
- Qaamatti maxxanee qaama Isii garsiisuu dhabuu.
- Akka malee kan bareedee nama harkisu tahuu dhabuu.
- Uffata dhiiraa fakkaachuu hin qabu.
- Uffata kaafirootaa fakkaachuu hin qabu.
- Huccuu ittin beekkaman tahuu hin qabu.
- Faayni Isiin uffatte mullachuu hin qabu. Kuni hundi nama Jaarsaa Isii hin tahin duratti waan uffatamu. Jaarsaan walitti hafnaan Waan bareedina tahe hunda ifirratti

dhangalaaftee itti as bahuu qabdi. Huccuunis tan feete tahuu dandeeysi. Kan bareedduuf jaarsa Isii tokkichaaf malee warra Aruuza dhufuuf miti. Jaarsaa Isiitti malaaykaa fakkaattee dhihaachuun barbaachiisaadha.

# 20

## DHALAAN DIBBEE DHAHUUFI WALLISUU ARUUZA IRRATTI

ويجوز له أن يسمح للنساء في العرس بإعلان النكاح بالضرب على الدف فقط، وبالغناء المباح الذي ليس فيه وصف الجمال وذكر الفجور، وفي ذلك أحاديث:

عن عائشة أنها زفت امرأة إلى رجل من الأنصار، فقال نبي الله ﷺ: «يا عائشة! ما كان معكم لهو، فإن الأنصار يعجبهم اللهو؟». البخاري والحاكم وعنه البيهقي.

وفي رواية بلفظ: «فقال: فهل بعثتم معها جارية تضرب بالدف وتغني؟ قلت: ماذا تقول؟ قال: تقول: أتيناكم أتيناكم فحيونا نحييكم لولا الذهب الأحمر ما حلت بواديكم لولا الحنطة السمراء ما سمنت عذاريكم».

قال رسول الله ﷺ: «فصل ما بين الحلال والحرام الصوت بالدف». النسائي، والترمذي وقال: حديث حسن، وابن ماجه.وغيرهم.السادس: «أعلنوا النكاح». ابن حبان والطبراني.

19-Dhalaan dibbee dhahuufi wallisuu Aruuza irratti dhalaan wal geeysee dibbee dhahuun dhageeysisuu ni dandahan. Wallees tan haraamaa waan hin tahin afaaniin jechuu dandahan, hellee tahus sanuma . Wanni Isaan je'an waan haram waan hin tahiniin shubbisuus ni dandahan. Nikaaha dhageeysisuun barbaachisaa wan taheef haalli kuni jaalatamaadha.

# 21
# KHILAAFA SHARI'AA IRRAA IF EEGU

Khilaafa Shari'aa irraa if eegu. Guyyaa fuudhaa fii heerumaa dhalaa fii dhirtis waan adda addaa tan Shari'aa faalleeysitu dalaguun waan baratame. Sanirraa:

الثالث: ما تفعله بعض النسوة من نتفهن حواجبهن حتى تكون كالقوس أو الهلال، يفعلن ذلك تجملاً بزعمهن! وهذا مما حرمه رسول الله ﷺ ولعن فاعله بقوله: لعن الله الواشمات، والمستوشمات، والواصلات، والنامصات، والمتنمصات، والمتفلجات للحسن؛ المغيرات خلق الله». البخاري ومسلم وأبو داود، والترمذي وصححه وغيرهم.

Dhalaan Nyaara haadachuun waan baratame. Rasuulli ﷺ dhalaa nyaara haaddattu Rabbiin Abaare jedhan. Jaartii tee guyyaa boru si bira dhufuuf qophoytan nyaara hin haaddatin ani nyaara kee sanin jaaladha yoo jetten Abaaramtuu tahuraa baraarte jechudha.

# 22
# DHIIRTI AREEDA HAADDACHUU

الخامس: ومثلها في القبح -إن لم تكن أقبح منها عند ذوي الفطرة السليمة- ما ابتُلي به أكثر الرجال من التزين بحلق اللحية بحكم تقليدهم للأوربيين الكفار، حتى صار من العار عندهم أن يدخل العروس على عروسه وهو غير حليق! وفي ذلك عدة مخالفات:

ب- مخالفة أمره ﷺ وهو قوله: «أنهكوا الشوارب، وأعفوا اللحى».البخاري ومسلم وأبو عوانة وغيرهم. ومن المعلوم أن الأمر يفيد الوجوب إلا لقرينة والقرينة هنا مؤكدة للوجوب،

Dhiirti Areeda haaddachuu. Amata meeqa areeda guddise guyyaa arra fuudhu Areeda shiggireen kan jala dhaabbatu ni jira. Rasuulli ﷺ Areeda hin tuqinaa dhiisaa, anfarroo haadaa jedhe. Jaarsa kee guyyaa boru si fudhachuuf qophirra jiru Areeda kee san na jalaa hin tuqin yoo jetten kheeyrii irratti jajjabeeysite jedhama.

## 23

## HAMARTII DAHABAA DHIRTI KAAYYACHUU

«نهى ﷺ عن خاتم الذهب».

Hamartii dahabaa dhirti kaayyachuu dhorgaadha. Guyyaa fuudhaa fi heerumaa warra Kaafiroota jalatti laalle hedduun hamartii walittii kaaya. Walitti kaayuun nagayatti haftee Dhiiraatu dahaba kaayyata. Dahabnii dhiiraaf haraama.

## 24

## DHAAMSA JAARSAA FII JAARTIIF

وختاماً أوصي الزوجين:

أولاً: أن يتطاوعا ويتناصحا بطاعة الله تبارك وتعالى، واتباع أحكامه الثابتة في الكتاب والسنة، ولا يقدما عليها تقليداً أو عادة غلبت على الناس، أو مذهباً فقد قال عز وجل: ﴿وَمَا كَانَ لِمُؤْمِنٍ وَلَا مُؤْمِنَةٍ إِذَا قَضَى ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥٓ أَمْرًا أَن يَكُونَ لَهُمُ ٱلْخِيَرَةُ مِنْ أَمْرِهِمْ ۗ وَمَن يَعْصِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ فَقَدْ ضَلَّ ضَلَـٰلًا مُّبِينًا﴾ [الأحزاب: ٣٦]

ثانياً: أن يلتزم كل واحد منهما القيام بما فرض الله عليه من الواجبات والحقوق

تجاه الآخر، فلا تطلب الزوجة -مثلاً- أن تساوي الرجل في جميع حقوقه، ولا يستغل الرجل ما فضله الله تعالى به عليها من السيادة والرياسة؛ فيظلمها، ويضربها بدون حق، فقد قال الله عز وجل: ﴿وَلَهُنَّ مِثْلُ ٱلَّذِي عَلَيْهِنَّ بِٱلْمَعْرُوفِ ۚ وَلِلرِّجَالِ عَلَيْهِنَّ دَرَجَةٌ ۗ وَٱللَّهُ عَزِيزٌ حَكِيمٌ﴾ [البقرة: ٢٢٨]، وقال: ﴿ٱلرِّجَالُ قَوَّامُونَ عَلَى ٱلنِّسَاءِ بِمَا فَضَّلَ ٱللَّهُ بَعْضَهُمْ عَلَىٰ بَعْضٍ وَبِمَا أَنفَقُوا مِنْ أَمْوَالِهِمْ ۚ فَٱلصَّالِحَاتُ قَانِتَاتٌ حَافِظَاتٌ لِّلْغَيْبِ بِمَا حَفِظَ ٱللَّهُ ۚ وَٱللَّاتِي تَخَافُونَ نُشُوزَهُنَّ فَعِظُوهُنَّ وَٱهْجُرُوهُنَّ فِي ٱلْمَضَاجِعِ وَٱضْرِبُوهُنَّ ۖ فَإِنْ أَطَعْنَكُمْ فَلَا تَبْغُوا عَلَيْهِنَّ سَبِيلًا ۗ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلِيًّا كَبِيرًا﴾ [النساء: ٣٤]

Dhaamsa Jaarsaa fii Jaartiif. Jaarsa fii jaartii karaa Sunnaah irratti walitti dhufan hoggaa hunda sunnaa Nabiyyii ﷺ irra turuu qaban. Jaarsaa fii jaartiin lamaan

- Isaan lamaanu Rabbiif ajajamuu irratti wal gorsuu fii wal kakkaasuu qaban. Kitaaba Rabbii fii Sunnaah sahiiha jala deemuu irratti wal kakkaasuu fii wal jajjabeeysu qaban. Waan Kitaaba Rabbii fii Hadiisa Rasuulaa ﷺ irraa isaan gahe hunda kan falamne itti dalaguu qaban.
- Jarri lamaan dirqamaa fii itti gaafatummaa Rabbiin Isaanirra kaaye bahachuuf yaaluu qaban. Tokko tokkotti daangaa dabruu fii waan hin dandeenye wal gaafachuun wal rakkuun barbaachisaa miti.
- Dhalaan akka addatti ajaja jaarsaa fudhachuu qabdi. Mirga dubartootaa jechuun wanni Kaafirootaan odeeyfamu kijiba. Mirga Rabbii fii Rasuulli ﷺ dhalaaf eeganiitu guddaadha. Ajaja jaarsa ifi godhuun mirgi dhabuu miti. Jaalalaa fii waan Rabbiin jaalatuutu sani. Nama jaalattee abbaa Ilmaan isaa tahuuf murteeysite tokko waan Rabbiin Jaalatutti si ajaju

hunda dalaguu qabda. Ammoo Waan Shari'aan faalleeysitu si ajaju hin daleeydu. Rabbi dallansiisaa Ilma namaatiif ajajamuun haraama.

- Du'aaii hoggaa hunda kheeyrii irratti godhachuu fii hamturraa maganfachuun manni keeysan jannata adunyaa akka tahu godhuu dandeeysan. Rabbi warra Sunnaah Rasuulaa ﷺ irratti walitti dhufee, Sanumaan jiraatee, Sanumarratti ilmaan ifii guddiftee adunyaa fii Akhiiraa Milkaawu Isin haa godhu. Xumurame. Urjii Ahmad Qunnamuuf Peejii Tiyya tan facebook like godhuu ni dandeeysan

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# ADABA GUYYAA CIDHAA

Kitaaba kana keessatti naamusoota guyyaa fudhaattu ibsamee jira.




IslamHouse.com
OsoulCenter
www.osoulcenter.com